# Dhukkubni tokko (ofii isaatii) dabruun hin jiru, faana ilaallachuun hin jiru, ji’a safaraatti faana ilaallachuunis hin jiru, sagalee Hurunguutin(simbirrootin) faana ilaallachuun hin jiru, Akkuma leenca irraa baqattutti nama dhukkuba qumaaxaa qabu irraa baqadhu

Abuu Hureyraa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Dhukkubni tokko (ofii isaatii) dabruun hin jiru, faana ilaallachuun hin jiru, ji’a safaraatti faana ilaallachuunis hin jiru, sagalee Hurunguutin(simbirrootin) faana ilaallachuun hin jiru, Akkuma leenca irraa baqattutti nama dhukkuba qumaaxaa qabu irraa baqadhu».
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhimmoota bara Islaamummaa duraa jiran tokko tokko irraa akeekkachiisuuf jecha ibsaniiru, akkasumas dhimmichi harka Rabbii qofa akka jiruu fi ajajaa fi murtii isaatiin malee wanti tokkolleen akka hin taane ibsuuf jecha, isaanis: Tokkoffaan: Ummanni bara Islaamummaa duraa dhibeen kun ofumaan daddarbaa ta’uu amanu ture, Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- dhibeen tokko uumamaan nama dhukkubsate irraa gara namoota birootti akka daddarbu amanuu dhoorgan. Rabbiin qofaatu uumama kana keessatti waan barbaade hojjeta, Isumaatu dhibee buusee deebisaasi, sunis fedhii fi murtoo isaatin malee hin argamu. Lammaffaan: Ummanni bara Islaamummaa duraa yeroo imalaaf ykn daldalaaf ba’uu barbaadan simbirroo kan oofan ta'an, yoo gara mirgaatti balali’e ni gammadu, yoo inni gara bitaatti balali'e ammoo abdii kutatanii duubatti deebi'u, kanaaf Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- simbirroon faana laallachuu kana irraa dhorganii, inni yaada sobaa akka ta’e ibsan. Sadaffaan: Ummanni bara Islaamummaa duraa akkana jedhaa turan: Hurunguun mana tokkorra yoo buute balaan warra mana sanii ni mudata; kanaaf Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- saniin faana ilaallachuu irraa dhoogan. Afraffaan: Ji’a safariin faana ilaallachuu irraa dhoorgan, innis akka lakkoofsa Hijratti ji'a lammaffaati, Safar jechuun inni: bofa garaacha keessa jiru kan horii fi nama faaluudha Jedhame. Inni namatti dabruu keessatti dhukkuba cittoo irra jabaadha jedhanii yaadu, kanaaf Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan akkasiitti amanuu dhoorgan. Shanaffaan: Nama dhukkuba juzaamatiin qabame irraa akkuma leenca irraa baqatanitti baqachutti ajajan, sunis lubbuu ofii eeguu, nageenya isheef barbaaduu fi sababoota Rabbiin itti ajaje raawwachuudha. Dhibeen Juzaamaa kun: Dhibee qaamni namaa isa irraa manca'uudha.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee